CUCUFAMUU SIYAATIL: BOQONNAA 2

OROMO

Gaafa Ebla 23, 2019 baasiiwwan karaa Downtown Seattle Transit Tunnel dhufuuf jiraniif qophaa'aa.

- **Ulaawwan lafa jalaa kunneen daandii baaburaa walqabsiisan qofaaf akka dhaabbataatti gargaaru.**
- Yoo baasii ati ittiin deemtu ulaa lafa jalaa sana keessa ta'e, ammaa baasiin sun Daandii 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa, 5ffaa ykn 6ffaa irraan deema.
- Toorawwan King County Metro 41, 74, 101, 102, 150, 255, fi Sound Transit Express 550 ni miidhamanii. Guutumatti, toorawwan baasii 15 daandii kam akka fayyadaman ilaalchisee jijjiiramuuf jiru.
- Daandii magaalaa 5ffaafi 6ffaa irratti sarara baasii magaalaatti kan fuudhu harawaa hojjechaa jirra.
- Yoo kan geejjiba dabarsaa ykn gara magaalaatti ooftu ta'e toora kee dursii karoorsiitii jijjiiramaaf qophaa'i.

Seattle:Traffic

City of Seattle

waan #SeattleSqueeze hunda irratti odeeffannoo argachaa turuudhaaf www.seattle.gov/traffic daawwadhu

Odeeffannoo Argadhu

1. Jijjiiramni dhaabbataan taasifamu kun daandii baaburaa salphaa East Link haarawaa magaalaa Siyaatl Eastside waliin bara 2023 wal-qabsiisuun baballisuun Wiirtuuuwwan Walga'ii Kutaa Naannoo Waashingiteen hammachuuf. Jijjiiramni kun tajaajila baabura sasalphaa amansiisaafi saffisaa ta'e mirkaneessuudhaaf.
2. Daadnii isa kam akka fayyadaman ilaalchisee toorawwan baasiin biroo jijjiiramuuf jiru – Ebla 23 dura karoorsuun toora kee haarawaa dursii baradhu maaloo.
3. Daandii 3ffaafi bakkawwan dhaabii Daandii Westlake Ave N irra jiran irratti baasii koruu saffisaa taasisuudhaaf, osoo baasii hin koriin dura kaardii ORCA dursa qubaan gadi qabuudhaan karaa karra banamaa kamiyyu kori. Yaadachiisa: Daandiin 3ffaa saatii 6 AM - 7 PM tti baasii qofaaf qabameera-kunis torbanitti guyyaa toorba.
4. Jijjiiramicha qaama #SeattleSqueeze yommuu ta'u innis yeroo waggoota shanan itti anan keessatti pirojektoonni ijaarsaa dhuunfaafi uummataa sirna geejjibaa irraan dhiibbaa qaqabsiisa, akkamiin akka Siyaatil keessaafi naannoo ishee keessa itti deemnus ni jijjiira.
5. Bakka barbaaddee qaqqabuudhaaf bishkiliitii, baasii, konkolaataa xixiqqaa, konkolaataa gurguddaa, ykn malawwan geejibbaa birootiin imaluuf dursitee karoorfachuudhaan yeroo dabalataa ofiif kenni.

Qophaa'i

Amajji 2019 keessa sababbii cufamuu SR 99 torban sadiif tureef kan ittiin imalaa turte jijjiiruu keetiif galatoomi. Jijjiiramoota kana akka dhaabbataadhaan taasiftu nuti ni gorsina! Akka itti fufinsaan deemtu taasisuudhaaf isaan kunneen gorsawwan biroodha.

1. Yoo toorri baasii keetii kan deemu ta'eef, bakka baasiin kee itti dhaabbatu haarawaa kingcounty.gov/metro barbaadi.
2. Durstee ykn dabarsitee ba'uudhaan bizinasiiwwaniifi wantoota nama hawwatan magaalaa Siyaatil keessa jiranitti gammadi!
3. Yoo danda'ame konkolaachisuu dhiisi. Malawwan geejjibaa kan akka baasii, bishkiliitii, ykn baaburaa yaali.
4. Yeroo imaalaa dabalataa eegi akkasumas obsaafi haala hunda waliin walii galuu dandeessuun eegi.
5. Gaaffiiwwanniifi yaadawwan kee nutti himi.
6. Waan hundaa irratti #SeattleSqueeze odeeffannoo yeroo yerootti argachuudhaafwww.seattle.gov/traffic daawwadhu.

206-684-7623 ykn 684-ROAD@seattle.gov irratti nu qunnami